# Biiroo Barnootaa Oromiyaa

# Karoora Hojii Misooma Barnootaa Bara 2015

**Caamsaa, 2014**
**Finfinnee**

## Baafata

1. Seensa .... 2
1.1. Ergama, Mul'ata fi Duudhaalee BBO .... 2
1.2 Xiinxala raawwii karoora bara 2014 .... 2
2. Karoora Hojii Barnootaa Bara 2015 .... 3
2.1. Carraa Barnootaa Walgitiinsi Mirkanaa'e baballisuu .... 3
1.1. Dhaabbilee Barnootaa qaqqabamaa gochuu .... 3
1.2. Hirmaannaa Barattootaa Waliigalaa .... 4
1.3. Walgitiinsa Barnootaa Mirkaneessuu .... 4
1.4. Gahuumsa keessoo Barnootaa .... 5
2. Qulqullina Barnootaa .... 6
2.1. Qulqullina barnootaa mirkaneesuuf hojiwwaan hojjetaman .... 6
2.2. Hojiwwaan Barsiisota Wajjiin Walqabatan .... 7
2.3. Faasiliitii mana Baruumsaa Guutuu .... 10
2.4. Sirna Barnootaa .... 11
2.5. Barnoota ICTn deegaruu .... 12
2.6. Bu'aa barachuu baratootaa Fooyyeessuu .... 13
3. Projeektota Ijaara .... 14
4. Baajata /Faayinaansii .... 14
5. Dhimmoota Hunda-Galeessa .... 15
6. Madaallii, Deegarsaafi Hordoffii .... 16

## 1. Seensa

Biiroon Barnoota Oromiyaa mootummaafi uummataa itti kenname milkeessuuf karoora tarsiimoo waggaa shaniifi kudhanii qopheessuun, akka haala qabatamaa ormiyaa xiinxaluun karoora yeroo gabaabaa qopheessuun raawwii ol-aanaatiin fayyadamummaa ummataa mirkaneessuuf xiyyeeffatee hojjechaa jira. Haaluma kanaan karoorri bara 2015 bu'ura karoora tarsiima'aa fi haala qabatamaa barnoonni Oromiyaa keessa darbe xiinxaluun kan qophaahedha. Haaluma kanaan karoorri bara 2015 xiinxala haalaa raawwii karoora bara 2014 gaggeessuun ciminoota jira, hanqina fi rakkoolee mudatan adda baaseera. Xiinxala kana akka galteetti fudhachuun dhimmoota bara 2015tti biiroon barnootaa Oromiyaa hojjetu kanneen xiyyeeffannaa barbaadan gurguddoo adda baafachuun irratti walii galuun kan qophaahedha. Isaanis: Carraa barnootaa, walgitiinsa barnootaa, gahumsa keessoo barnootaa, qulqullina barnootaa mirkaneessuufi pirojektii ijaarsa bu'ura boruu raawwachuudha... Haaluma kanaan karoorri kun Kutaa gurguddoo sadii kan of keessatti ammatedha. Tokkoffaa, Haala waliigala (Ergama, mul'ata, Sona/duudhaa), kaayyoolee, bu'aa eegamufi xiinxala raawwii bara 2014 kan qabatedha. Lammaffaa, hojiilee bara 2015 irratti xiyyeeffatame hojjetamu akka karoora bara 2015tti kan qabate dha. Sadaffaa, qaamuma karoora bara 2015 kan ta'e gabatee yeroo raawwiiti.

### 1.1. Ergama, Mul'ata fi Duudhaalee BBO

**Ergama:** carraa barnootaa walgitiinsi, qulqullinniifi ga'umsi isaamirkanaa'e sagantaa idilee fi al idileetiin babal'isuun dhaabbilee barnootaa keessatti aadaa dimookiraasii fi bulchiinsa gaarii dagaagsuun humna nama baratee hiyyummaa seenaa gochuu danda'u horachuu.

**Mul'ata:** Lammiilee dandeettii, naamuusa, jaalala hojii fi biyyaa qaban horatamanii arguu.

**Soonawwan:** Sagantaa misooma seektara barnootaa 6ffaa (ESDP-VI) keessatti karoora bara 2015 galmaan gahuuf, caasaaleen barnootaa hundinuu sonaawwan armaan gadii giddu galeeffatee hojjeta

- Gaafatamummaa
- Hirmaachisummaa
- Bu'a qabeessummaa
- Fakkeenyummaa
- Kutannoo
- Iftoomina
- Qulqullina
- Kalaqa

### 1.2 Xiinxala raawwii karoora bara 2014

**Ciminoota Ijoo:**

- Hojii barnootaa qindoominaan hojjechuu
- Mana barumsa bultii addaa sadarkaa lammaffaa hojii jalqabsiisuu
- Raawwii hojii kenna tajaajila lammummaa milkeessuu fkn Bu'ura boruu 3000 ijaaruun hojii jalqabsiisuu
- Qabxiin barattootaa fooyya'aa deemuu
- Sirna barnootaa haaraa sadrkaa tokkoffaa pilot gochuun, hojiirra oolmaaf qopheessuu

**Hanqinoota turan**

- Dhaabbilee barnootaa qabnu hamma barbaadame istaandardii guutuu dhabuu;
- Hirmaannaa hoggansa dubartootaa gadi aanaa ta'uu
- Kitaaba barataa dhiheessuu dhabuu
- Haalli caasaan barnootaa hojii itti raawwatu walfakkaachuu dhabuu
- Barnoonni keenya rakkoo qulqullinaa qabaachuu
- Baarsiisaa hanga barbaadame qaxaruu dhabuu
- Dhiheessii barnootaa adda addaa guutamuu dhabuu (laboratorii, kompiitara, interneetii…)

**Rakkoolee Mudate**

- Rakkoo nageenyaatiin manneen barnootaa baay'een miidhaan irra gahuufi barattoonni mana barumsaa irraa hafuu
- Hoggeen hammaachuu irraa kan ka'e baratoonni baay'een mana barumsaa irraa hafuu

## 2. Karoora Hojii Barnootaa Bara 2015

**Kayyoo Gooroo:** Barnoota qulqullinnifi gahumsi isaa mirkaa'e lammii hunda biraan gahuu

**Kaayyoo gooree:**

- Carraa barnootaa bara 2014tti 10,690,732 uumame bara 2015 gara 11,345,448tti guddisuu
- Wal gitiinsa Koorniyaa bara 2014 0.87 ture bara 2015tti gara 0.91 tti fooyyessuu
- Qulqullina barnootaa mirkanessuu kan qooda qabu faluuf sirna barnoota haaraa hojiirra oolchuun reshoo barataa gara kitaabaa 1:2 maxxansuun barattoota biraan gahuu

**Toora Xiyyeeffannoo Tarsiimoo**

- Carraa Barnootaa Baballisuu
- Walgitiinsa Barnootaa Mirkaneessuu
- Qulqullina Barnootaa Mirkaneessuu
- Ga'umsa Keessoo Barnootaa fooyyassuu
- Maxxansa Kitaaabaafi hojiirra olmaa sirna barnootaa haaraa
- Ijaarsa bu'ura boruu

### 2.1. Carraa Barnootaa Walgitiinsi Mirkanaa'e baballisuu

**Galma:** Carraa barnootaa walgitiinsi isaa mirkanaa'e lammii hundaaf qaqqabamaa taasisuufi gahumsa keessoo barnootaa fooyyeessuu.

#### 1.1. Dhaabbilee Barnootaa qaqqabamaa gochuu

- MB Bu'uura Boruu Bara 2014tti 4862 irra ture bara 2015tti 10,862tti ol guddisuu
- MB Sad.1ffaa Bara 2014tti 15,201 irra ture bara 2015tti 15,225tti ol guddisuu
- MB Sad.2ffaa Bara 2014tti 1,342 irra ture bara 2015tti 1,354tti ol guddisuu
- MB Sad.2ffaa Bultii Addaa bara 2014tti 7 irra ture bara 2015tti 7 tursiisuu'
- KBB bara 2014tti 13 irra ture bara 2015tti 13 tursiisuu'
- Bufata barnoota ga'eessotaa bara 2014tti 14,032 irra ture bara 2015tti 26,946 ol guddisuu

## 1.2. Hirmaannaa Barattootaa Waliigalaa

- Barattoota BSTD Bara 2014tti 1,123,874(dhi 596,628 dub. 527,246) irra ture bara 2015tti 1,393,604 (dhi 739,819 dub. 653,785) tti ol guddisuu
- Barattoota MB Sad.1ffaa Bara 2014tti 8,248,147 (dhi 4,422,799 dub. 3,825,348) irra ture bara 2015tti 8,630,297 (dhi 4,616,914 dub. 4,013,383) tti ol guddisuu
- Barattoota MB Sad.2ffaa Bara 2014tti 1,302,016 (dhi 690,238 dub. 611,778) irra ture bara 2015tti 1,321,547 (dhi 700,592 dub. 620,955) tti ol guddisuu
- Barattoota BSTD-12 jiran Bara 2014tti 10,690,732 (dhi 5,708,201dub. 4,982,531) irra ture bara 2015tti 11,345,448 (dhi 6,057,325 dub. 5,288,123) tti ol guddisuu

**Hirmaannaa barattoota MB Bultii Addaa**

Hirmaannaan Barattoota MB Bultii addaa barattoota waliigalaa jiran keessaa barattoota ciccimoo ta'an filachuun kan baratanidha

- Hirmaanna barattoota MB Bultii Addaa bara 2014tti 1522 (dhi 1059 dub.463 ) irra ture bara 2015tti 3,044(dhi 2118 dub. 926) tti ol guddisuu

**Hirmaannaa Leenjii KBB**

- Leenjii Barsiistota Dippiloomaa BSTD 2014tti 2897 irra ture bara 2015 gara 6000 ol guuddi leenjisuu;
- Simannaa haara barsiisota dippilooma bara 2014tti 702 irra ture bara 2015 tti 800 leenjisuu;
- Barsiistota Digirii bara 2014tti 501 irra ture bara 2015tti 500 simachuun leenjisuu;

**Barnoota Ga'eessotaa fi Idileen Alaa**

- Hirmaanna ga'eessota 2014tti 1,614,286(dhi 968,105 dub 646,181) ture, bara 2015tti 3,100,000 irraan gahuu;
- Madaalli ifa barnoota bara 2014tti 297,853 ture bara 2015tti 807,143 irraan gahuu;

## 1.3. Walgitiinsa Barnootaa Mirkaneessuu

**Garaagarummaa Koornayaa dhiphisuu**

- BSTD bara 2014tti 0.88 kan ture bara 2015tti gara 0.93 ol guddisuu,
- kuta 1ffaa bara 2014tti 0.87 kan ture bara 2015tti 0.92 ol guddisuu,
- kan kutaa 1-6 bara 2014tti 0.87 bara 2015tti gara 0.91 ol guddisuu,,
- kan kutaa 7-8 bara2014tti 0.86 bara 2015tti gara 0.87 ol guddisuu,
- kan kutaa 1-8 bara2014tti 0.86 bara 2015tti gara 0.89 ol guddisuu,
- kan kutaa 9-12 bara 2014tti 0.89 ture bara 2015tti gara 0.90 ol guddisuu,

**Hirmaannaa Barnoota Fedhii Addaa Qaban**

- Daa'imman BSTD bara 2014 baratan keessaa hirmaannaan Barattoota BFA **3,799** ture bara 2015tti **8,220** akka gahu ni hojjatama.
- Kuta 1-8 bara 2014 baratan keessaa hirmaannaan Barattoota BFA **50,572** ture bara 2015tti **94,201** akka gahu ni hojjatama.
- Barattoota sad. 2ffaa bara 2014 baratan keessaa hirmaannaan Barattoota BFA **6,397** ture bara 2015tti **7,037** akka gahu ni hojjatama.

- Barattoota waliigalaa kutaa 1-12 bara 2014 baratan keessaa hirmaannaan Barattoota BFA **56,969** ture bara 2015tti **101,238** akka gahu ni hojjatama.

**Hirmannaa Barnootaa Aanaalee Horsiisee Bulaa**

***Hirmaannaan barattoota AHB hirmaannaa barattoota waliigalaa keessa kan jiran kan Aaanaalee Horsiisee Bulaa yoo ilaalamu***

- Barattoota waliigalaa BSTD bara 2014 baratan keessaa hirmaannaan Barattoota AHB 96,879 ture bara 2015tti 146,152 akka gahu ni hojjatama.
- Barattoota sad. 1ffaa (1-8) bara 2014 baratan keessaa hirmaannaan Barattoota AHB 804,741 ture bara 2015tti 849,998 akka gahu ni hojjatama.
- Barattoota sad. 2ffaa bara 2014 baratan keessaa hirmaannaan Barattoota AHB 75,278 ture bara 2015tti 91,519 akka gahu ni hojjatama.
- Barattoota waliigalaa kutaa 1-12 bara 2014 baratan keessaa hirmaannaan Barattoota AHB 880,019 ture bara 2015tti 941,517 akka gahu ni hojjatama.

### Toftaa Raawwii

- Sosochii ummataa umuun daa'imman umriin barnootaaf qaqqabee fi ga'eessota simachuun barsiisuu;
- Baballina MB Bu'uura Boruu irratti hoggansa sadarkaan jiraniifi qooda fudhattootaaf hubannoo uumuu;
- Abbootii qabeenyaa fi dhaabbilee Mit-Mootummaa jajjabeessuufi deeggaruun MB akka ijaarana taasisuu;
- Manneen barnootaa dhuunfaa jajjabeessuu,hordofuufi deeggaruun kanneen rakkoo qabana tarkaanfii qajeelfamaa fudhachuun sirreessuu;
- Meeshalee barnootaa guutuu;
- Hirmaannaa barnoota ga'eessotaa fooyyassuuf qajeelfama duraan ture irra deebi'uun fooyyassuu;
- Miidiyaa gara gara fayyadamuun hirmaannaan barnootaa akka dabaluu sosochii ummataa finiinsuu;
- Ulaagaa simannaa qophaa'e irratti hundaa'uun kaadhimamtoota Barsiistotaa simachuu;
- Hordoffii fi deeggarsa wal-irraa hin cinne taasisuu;

## 1.4. Gahumsa keessoo Barnootaa

### Haftee Barattootaa Xiqqaate

- Barattoota kutaa 1ffaa bara 2014 barachaa turan keessaa hafteen 5.8% yoo ta'u bara 2015tti gara 3% akka gadi bu'u ni hojjatama
- Barattoota sadarkaa 1ffaa kutaa 1-8 bara 2014 barachaa turan keessaa hafteen 6% yoo ta'u bara 2015tti gara 3.2% akka gadi bu'u ni hojjatama
- Barattoota sadarkaa 2ffaa kutaa 9-11 bara 2014 barachaa turan keessaa hafteen 4% yoo ta'u bara 2015tti gara 2% akka gadi bu'u ni hojjatama.

### Reetii Irradeebii

- Kutaa.1ffaa bara 2014tti 3.1% ture, bara 2015tti 2.7%tti gadi buusuu
- Sad1fffaa kutaa 1-6 bara 2014tti 3.2% ture, bara2015tti 2.8% gadi buusuu
- Sad1fffaa kutaa 7-8 bara 2014tti 2.6% ture, bara2015tti 2.2% gadi buusuu
- Sad.2ffaa kutaa 9-11ffaa bara 2014tti 2.5% ture, bara 2015tti 1.7%gadi buusuu

### Hojiiwwan Nannolee Ollaa Waliin Hojjataman

- Manneen Barnootaa Afaan Oromoo keessatti barsiifamaa jiru adda baasuun deeggaruu;
- Barsiistota Naannolee Ollaa jiran keessatti Afaan Oromoo barsiisan adda baasuun leenjiiwwan human raawwachiisummaa cimsu kennuu;
- Kitaaba baranootaaf barbaachisu adda baasuun deeggarsa taasisuu;

## 2. Qulqullina Barnootaa

### 2.1. Qulqullina barnootaa mirkaneesuuf hojiwwaan hojjetaman

### Hira Barataa - Barsiisaa

- Hira barataa barsiisaa Barnoota sadarkaa 1ffaan duraa bara 2014tti 70:1 ture bara 2015tti gara 63:1tti fooyyassuu;
- Barnoota sadarkaa 1ffaa bara 2014tti 48:1 ture ,bara 2015tti 50:1tti fooyyassu;
- Barnoota sadarkaa 2ffaa bara 2014tti 46: 1 ture bara 2015tti 40:1 irraan gahuu;
- Kolleejjii Barnoota barsiisotaa bara 2014tti 40:1 ture bara 2015tti achuma irraa tursiisuun ni hojjetama;
- Hira barataa barsiisaan wal qabatee ragaan jiru kun kan waliigala Oromiyaa yammuu ilaalamu istaandardii jiruun kan guute fakkaatus garuu, gosa barnootaa hundaan yammuu ilaalamu hanqina barsiisaa guddaa jira.

### Hira Kitaabaa – Barataa

- Hira kitaaba barataa sadarkaa fi Kutaa hundaan bara 2015tti 1:2 taasisuu
- Moojuloota Kolleejjii Barnoota barsiisotaa bara 2014tti 1:1 ture bara 2015tti achuma irraa tursiisuun ni hojjetama

### Hira Barataa Daree

- Hira daree BSTD bara 2014tti 65:1 ture bara 2015tti 40:1;
- Hira daree barataa sadarkaa 1ffaan bara 2014tti 52:1 ture bara 2015tti 50:1; fooyyassuu;
- Barnoota sadarkaa 2ffaa bara 2014tti 64:1 ture bara 2015tti gara 40:1tti fooyyeessuu

### Tooftaalee Raawwii

- Leecalloo barnootaa barbaaduu;
- Hirmaannaa hawaasaa irraa caalaa cimsun abbuummaa mana barumsaa akka bulchuu fi sirna galii isaa akka guddisan taasisuun;
- Maallaqa argame seeraan dhimaa qulqullina barnootaaf dursa kennuun hojiirra oolchuu;

## 2.2. Hojiwwaan Barsiisota Wajjiin Walqabatan

**Galma:** Dhiyeessiifi istaandaardii hoggansaa fi barsiistotaa fooyyassuun qulqullina barnootaa mirkanaa'e

### Qacarrii barsiistotaa

- Qacarrii barsiisota BSTD haara 6000 gaggeessun baay'ina barsiistota BSTD bara 2014tti 16,016 irra ture, bara 2015tti gara 22,017 ol guddisuu;
- Qacarrii barsiisota sad.1ffaa haara 5,400 gaggeessun baay'ina barsiisota sad.1ffa (1-8) bara 2014tti 171,096 irra ture, bara 2015tti gara 176,496 ol guddisuu;
- Qacarrii barsiisota sad. 2ffaa haara 1,467 gaggeessun baay'ina barsiisota sad. 2ffaa (9-12) bara 2014tti 41,055 irra ture, bara 2015tti gara 42,522 ol guddisuu;
- Barsiistota KBB irraa ebbifamuun qorumsa gahumsaa darban keessa bara 2014tti 670 irra ture, bara 2015tti gara 713 ol guddisuu;
- Haala mijeesitoota barnoota ga'eessotaa bara 2014tti 30,607 irra ture, bara 2015tti gara 54,136 tti ol guddisuu

### Hirmaanaa barsiistota dubaraa fooyyassuu

- Kaadhimamtoota barsiisota dubartoota KBB bara 2014tti 37% irra ture, bara 2015tti gara 41.1% ol guddisuu;
- Hirmaannaa barsiisota dubartoota mana barumsa BSTD bara 2014tti 93.1% irra ture, bara 2015tti gara 95% ol guddisuu;
- Hirmaannaa barsiisota dubartoota MB Sad. 1ffaa bara 2014tti 40.2% irra ture, bara 2015tti gara 44% ol guddisuu;
- Hirmaannaa barsiisota dubartoota MB sad 2ffaa bara 2014tti 18% irra ture, bara 2015tti gara 20% ol guddisuu;

### Istaandardii barsiisotaa fooyyeessuu

- Istaandardii barsiisota mana barumsa BSTD diploomaafi isaa ol qaban bara 2014tti 50.2% irra ture, bara 2015tti gara 65% ol guddisuu;
- Istaandardii barsiisota mana barumsa sad. 1ffaa kutaa 1-8, dippilomaa fi isaa ol bara 2014tti 90.1% irra ture, bara 2015tti gara 95% ol guddisuu;
- Istaandardii barsiisota mana barumsa sad.2ffaa kutaa 9-12 digirii duraafi isaa ol bara 2014tti 96% irra ture, bara 2015tti gara 99% ol guddisuu;
- Kaadhimamtoota barsiistota barachaa turan dhuma waggaa waxabajjii 2014 eebbifaman 2,049 qorumsa madaallii gahumsa ogummaa qoruu;

### Leenjii hojii irraa yeroo gabaabaa barsiisotaaf kennuu

- Barsiisota manneen barnootaa sadarkaa 1ffaan duraa, sad.1ffaa 182,993 madaqiinsa kitaabilee sirna barnoota haaraa irratti leenjii hojiirraa kennuu;
- Leenjii humna raawwachiisummaa barsiisotaa cimsu mata dureewwan filachuun sadarkaa manneen barnootaatti barsiisota sad.1ffaafi 2ffaa 212,151'f kennuu;

- Iyyaafannoo walitti fufaa (CCA) irratti barsiisota afaan oromoo kutaa 1-4fi barsiisota Herreegaafi Ingiliffaa kutaa 7-8 manneen barnootaa filataman keessatti bara 2014 barsiisota 2,886 kenname ture bara 2015tti barsiisota 10,479 leenjisuu;
- Leenjii hojiirraa dandeettii barsiisota kutaa O fooyyeessuuf manneen barnootaa filataman irratti kennamaa ture bara 2014 barsiisota 3,511 kenname bara 2015 mana barumsa haara filataman irratti barsiisota 3,650 leenjisuu.

### Leenjii yeroo dheeraa itti fufiinsaan kennamuufi fooyyeeffannaa barnootaa

- Fooyyeeffannaa barnootaa sagantaa garagaraan kennamaa ture sababa covid-19 adda cite bara 2015 dippiloomaa irra gara digirii barasiisota 5,400 leenjisuu;
- Digrii 1ffaa irraa gara digrii 2ffaa bara 2015tti barsiisota 3,600 leenjisuu;
- Leenjii dagaagina ogummaa walitti fufaa (CPD) itti fufiinsaan hojjetamu bara 2014 barsiisota sad. 1ffaa 108,273 (63.3%) hordofaa turan bara 2015tti gara 136,270 (80%) tti ol guddisuu, barsiisota sad. 2ffaa bara 2014 hordofaa turan 28,882 (70.3%) ture gara 32,860 (80%) tti ol guddisuu.

### Ramaddii hoggansa manneen barnootaa

- Manneen barnootaa BSTD hundi hoggansa akka qabataniif hoggansa naamusa, beekumsaafi dandeettii qaban 4862 ramaduu.
- Manneen barnootaa sad.1ffaa hundi hoggantoota naamusa, beekumsaafi dandeettii qabaniin akka hogganamaniif hoggansa manneen barnootaa 15,201 ramaduu.
- Manneen barnootaa sad.2ffaa hundi hoggantoota naamusa, beekumsaafi dandeettii qabaniin akka hogganamaniif hoggansa manneen barnootaa 1342 ramaduu.
- Wiirtuun gurmuu manneen barnootaa hundi hoggansa gahumsa qabuun akka hogganaman taasisuuf supparvaayzara sad.1ffaa 2,777 fi sad.2ffaa 365 ramaduu.

### Hirmaannaa hoggansa dubartoota fooyyeessuu

- Manneen barnootaa BSTD hundi dubartootaan akka hogganaman taasisuun bara 2015 tti dura bu'oota BSTD 100% dubartootaa gochuu.
- Hirmaannaa dubartootaa dura bu'oota mana barumsa sad.1ffaa (1-8) bara 2014tti 13.1% irra ture, bara 2015tti 22% irraan gahuu;
- Hirmaannaa dura bu'oota mana barumsa sad.2ffaa (9-12) bara 2014tti 7.8% irra ture, bara 2015tti 12% irraan gahuu;
- Hirmaannaa dubartootaa supparvaayizaroota mana barumsa sad.1ffaa (1-8) bara 2014tti 4.4% irra ture, abara 2015tti 8% irraan gahuu;
- Hirmaannaa dubartootaa supparvaayizaroota mana barumsa sad.2ffaa (9-12) bara 2014tti 4.5% irra ture, bara 2015tti 8% irraan gahuu;

### Istaandardii hoggansa manneen barnootaa fooyyeessuu

- Staandardii dura bu'oota BSTD diploomaa qaban bara 2015tti 80% irraan gahuu;
- Staandardii dura bu'oota manneen barnootaa sad.1ffaa (1-8) bara 2014tti 63% irra ture, bara 2015tti 75% irraan gahuu;

- Staandardii dura bu'oota manneen barnootaa sad.2ffaa (9-12) bara 2014tti 73.7% irra ture, bara 2015tti 80% irraan gahuu;
- Staandardii supparvaayizaroota manneen barnootaa sad.1ffaa (1-8) bara 2014tti 92.3% irra ture, bara 2015tti 95% irraan gahuu;
- Staandardii supparvaayizaroota manneen barnootaa sad.2ffaa (9-12) bara 2014tti 91% irra ture, bara 2015tti 95% irraan gahuu;
- Staandardii diinii KBB bara 2014tti 100% ture, bara 2015tti 100% irra tursiisuu;

### Leenjii yeroo gabaabaa Hoggansa manneen barnootaaf kennamu

- Hojiirra oolmaa sirna barnootaa haaraa irratti hoggantoota manneen barnootaa sad. 1ffaa 15,201-hundaafi sad.2ffaa yaaliif filatamaniif leenjii hojiirraa kennuu.
- Humna raawwachiisummaa hoggansaa cimsuuf leenjii gabaabaa mata dureewwan filataman irratti hoggansa manneen barnootaa sad.1ffaafi 2ffaa bara 2014tti 24,066 kenname ture bara 2015tti namoota 24,547f kennuu;
- Hoggantoota manneen barnootaa sad.1ffaa 3865 filatamaniif leenjii maalummaa iyyaafannoo walitti fufaafi qabiinsa kutaa O irratti kennuu hoggansaaf kennuu.

### Leenjii yeroo dheeraa itti fufiinsaan hoggansa barnootaaf kennamu

- Fooyyeeffannaa barnootaa sagantaa garagaraan kennamaa ture sababa covid-19 adda cite bara 2015 dippiloomaa irra gara digirii duratti 1200 leenjisuu;
- Digrii 1ffaa irraa gara digrii 2ffaa bara 2015tti hoggantoota 750 leenjisuu;
- Leenjii dagaagina ogummaa walitti fufaa (CPD) itti fufiinsaan hojjetamu bara 2014 dura bu'aa sad. 1ffaa 7367 (49%) hordofaa turan bara 2015tti gara 12,158 (80%) tti ol guddisuu, dura bu'oota sad. 2ffaa bara 2014 hordofaa turan 1157 (46.5%) ture gara 32,860 (80%) tti ol guddisuu.
- Leenjii dagaagina ogummaa walitti fufaa (CPD) itti fufiinsaan supparvaayzaroota sad. 1ffaa bara 2014tti hordofaa turan 1,115 (40.2%) turan bara 2015tti gara 2,230 (80%) tti ol guddisuu, supparvaayzaroota sad. 2ffaa bara 2014 hordofaa turan 159 (46.5%) ture gara 292 (80%) tti ol guddisuu.

### Tooftaalee Raawwii

- Qajeelfamaoota bulchiinsa barsiisotaa jijjiiruun hojiirraa oolchuu.
- Leenjii human raawwachiisummaa Hoggansa Barnootaa fi barsiisotaaf kennuu.
- Hanqina barsiisotaa jiru adda baasuun sadarkaa Aaanaaleetti hoggansi dursee baajeta qaxarrii barsiisotatiif kan barbaachisu qabaachuun hojirra oolchuu.
- Qajeelfamootaa fi hojimaata jiran hojirra oolchuu.
- Qajeelfama sirna madaallii bu'aa irratti xiyyeeffate hoggantoota manneen barnootaaf qopheessuun hojirra oolchuu,

### 2.3.Faasiliitii mana Baruumsaa Guutuu

**Galma:** Barattoota dandeettii gahumsaafi naamusa qaban horachuu

### Galii Keessoo Manneen Barnootaa Cimsuu

- Manneen barnootaa sadarkaa 1ffaa g/galeessaan 7,500 akka maddisiifatan gochuu;
- Manneen barnootaa sadarkaa 2ffaa g/galeessaan 12,500 akka maddisiifatan gochuu;
- Manneen Barnootaa Bultii Addaa g/galeessaan 15,000 akka maddisiifatan gochuu;
- Waligalaan galii keessoo MB bara 2015, qarshii 90,500,000 gahuuf ni hojjatama.

### Raramddii Bajata Bilok Giraant

- Block Grant MB mootumma hundaaf akka ramadamu ni taasiisfama
- Baajata gargaarsaa (school grant) aanaalee haala qooddii isaanitiin dafanii gadi buusuu.

### Mana Barumsa Sadarkaa 1ffaa (1-8)

- Mana qulqullinaa sadarkaa 1ffaa bara 2014tti 94.5 irra ture , bara 2015tti 15,201 jiru hunda (100%) waliin gahuu
- Tajaajial Bishaanii sadarkaa 1ffaa bara 2014tti 38% irra ture , bara 2015tti 41% ga'uu
- Tajaajila Ibsaa sadarkaa 1ffaa bara bara 2014tii 27.5% irra ture , 2015tti MB 30% ga'uu
- Mana dubbisaa (Laayibrarii) sadarkaa 1ffaa bara 2014tti 48% irra ture , bara 2015tti 63% irran ga'uu
- Mana yaalii (Laabolaatori) sadarkaa 1ffaa bara 2014tti 12.5% irra ture , bara 2015tti 29% irraan gahuu
- Manneen Barnootaa sadrakaa 1ffaa 53% fi sadarkaa 2ffaa 55% magariisa taasisuu

### Mana Barumsa Sadarkaa 2ffaa (9-12)

- Mana qulqullinaa sadarkaa 2ffaa bara 2014tti 96.8 irra ture , bara 2015tti 1342 jiru hunda (100%) waliin gahu;
- Tajaajial bishaanii sadarkaa 2ffaa bara 2014tti 67.7%irra ture , bara 2015tti 80% akka argatan taasisuu
- Tajaajila ibsaa sadarkaa 2ffaa bara 2014tti 80.6% irra ture , bara 2015tti MB 90% akka argatan taasisuu;
- Mana dubbisaa (Laayibrarii) sadarkaa 2ffaa bara 2014tti 82% irra ture , bara 2015tti 90 akka argatan taasisuu ;
- Mana yaalii (Laabolaatori) sadarkaa 2ffaa bara 2014tti 95.1 irra ture , bara 2015tti 100% akka argatan taasisuu;

### Haromsaafi suphaa

- Suphaa daree barnootaa bara 2014tti 10,783 irra ture ,bara 2015tti gara 12,783tti ol guddisuu;
- Suppaa teessoo barattootaa bara 2014tti lakkoofsaan 266,688 ture bara 2015tti 500,000 suphuun dhiheessuu
- Manneen barnootaa dallaa hin qabne haaraa ijaaruu bara 2014 $M^2$ mil. 2.7 ture bara 2015tti $m^2$ mil.4.7 raawwatame
- Dallaa manneen barnootaa jijjigan suphame bara 2014 $M^2$ miliyoona 5.9 ture bara 2015tti $m^2$ miliyoona 7.2 suphaameefi haala mijataa uumame.

### Gulantaalee manneen barnootaa fooyya'e:

- Maneen barnootaa sad. 1ffaa 411 Gulantaa 1ffaa irra ture bara 2015tti 100%tti gara gulantaa 2ffaafi isaa olitti fooyyeessuu.
- Maneen barnootaa sad. 2ffaa 11 Gulantaa 1ffaa irra ture bara 2015tti 100%tti gara gulantaa 2ffaafi isaa olitti fooyyeessuu.

### Tooftaalee Raawwii

- Galii manneen barnootaa guddisuuf:
    - Qonna MB fooyyessuu;
    - Mooraa MB kunuunsuun marga gurguruu;
    - Kuduraafi muduraa oomishuu;
    - Sheediwwan adda adda kireessuu,loon gabbisuu fi kkf;
- Hirmaannaa hawaasaa irraa caalaa cimsun abbuummaa mana barumsaa akka bulchuu fi sirna galii isaa akka guddisan taasisuun;
- Maallaqa argame seeraan dhimaa qulqullina barnootaaf dursa kennuun hojiirra oolchuu;
- Faayidaa barnootaa irratti feestivaalii qopheessuun sosochii sadarkaa hundatti gaggeessuun;

## 2.4. Sirna Barnootaa

**Galma:** Barnoota waliigalaa qulqullina qabu kennuun beekumsa, dandeettiifi sonaan bocuun dhaloota waa kalaqu, dorgomaa ta'ee akkasumas jaalala biyyaa kan qabuu fi itti gaafatamummaan itti dhagahamu uumuu.

### Qophii Kitaabaa Barataa

Hojiwaan ijoo qophii sirna barnoota faana wal qabatee hojataman akka armaan gaditti karoora qabamani jiru,

- Sirna Barnootaa Gadaa kutaa 1-8 kitaaba 8 madaaluun fooyyessuu
- Moojuula barnoota fagoo kutaa 5-8 akaakuu barnootaan moojuula 44 qopheessuu
- Kitaabilee Barnoota Safuu (Moral Education) fi Barnoota Teeknikaafi dagaagina Ogummaa gara Naannoo keenyaatti ktaaba 4 madaqsuun qopheessu
- Sirna Barnootaa saffisaan barachuu /Accelerated Learning Program (ALP)/ barattoota kutaa 1-3 kitaaba 12 qopheessuun hojirra oolchuu.
- Sirna barnoota Afaan oromoo (kutaa 1-4) kitaaba 4 madaaluun haariiroo (Alignment ) kutaa 5-8 qabu sirreessuun akka sirna barnoota haaraa wajjin walsimutti qopheessu
- Sagantaa yaalii sirna barnoota haaraa sadarkaa lamaffaa (sad 2ffaa ) Ministeera barnootaa faana qindoominnaan hojjachuun gaggeessuu,
- Leenjii madaqiinsa sirna Barnoota haaraa Barnoota sadarkaa 1ffaan duraa irraa hanga sadarkaa 1ffaatti (BSTD+1-8) barsiisoota 182,993tiif kennuu

### Maxxansaa fi Raabsa

- Bara 2015tti kitaaba barataa fi qajeelcha barsiisaa sadarkaa Tokkoffaan Duraa 1,428,444 maxxansiisuun raabsuun kira kitaaba bara 1:1 waliin gahuu;
- Bara 2015tti kitaaba barataa fi qajeelcha barsiisaa MB kutaa 1-8tiif 29,470,702 maxxansuun raabsuun hira kitaabaa barataa 1:2 iraan gahuu
- Kitaaba barataa MB Sad.2ffaa (9-12) kitaabilee Ministeera barnootaan qophaa'e 2,666,289 kooppii gochuun raabsuu;

### Tooftaalee Raawwii

- Hojiiwwaan qophii sirna barnoota oggeesoota sirna barnoota BBO, KBBfi Hayyoota olaano Yunivarsiitii qindeessuun qopheessuu.
- Maxxansaa fi raabsaa kitaabilee barnootaa haaraa irratti koree abbumaan hordofuu sadarkaa sadarkaan hundeesuun itti dhiheenyaan hoganuun hojiirraa oolchuu;
- Kalandara barnoota horsiise bulaa qooda fudhattoota wajjiin qondoominaan hojjachuun hojii irra olchuu.

### Nyaata Barattootaaf dhiyeessuu

- Saganta Midhaan nyaata bara 2014tti 735,765 argacha turan yoo ta'u bara 2015tti
    - Daa'imman BSTD 1,040,370 qarshii 4,863,729,750.00
    - Ijoollee kutaa 1-4 baratan 5,303,816 qarshi 24,795,339,800.00
    - NHB kutaa 1-8 baratan 1,190,148 qarshii 5,563,941,900.00
    - Waliigalaan tajaajila midhaan nyaata barattoota **7,534,334** ta'aniif qarshii **35,223,011,450.00n** akka argatan taasisuudha.

### Tooftaa Raawwii:

- Deeggarsa dhaabbata Buusaa Gonofaa fi dhaabbilee deggartoota garaagaraatiin barattoota fayyadamaa taasisuu;

### Hojimaataa fi Caaseffama fooyyeesuu

- Caasaafi hojimaata seektara barnootaa hojiirra jiru qorachuun iddoo kenniinsa tajaajilaa irratti hudhaa ta'e irra deebiin sirreessuu,
- Qajeelfamaoota bulchiinsa barsiisotaa hanqina qaban irra deebiin sirreessuun fooyyeessuun hojiirraa oolchuu,
- Qajeelfama bulchinsa ktaabaa sakataa'un hojimaataa fi hojirra oolmaa isaa fooyyeessuun qopheessuu.
- Kaalandara barnoota horsiise bulaa qoratamee adda bahee jiru qooda fudhattoota faana qindoominaan hojjachuun hojii irra olchuu,
- Qajeelfama Barnoota bu'uraa ga'eessotaa fooyyeessuu,

## 2.5. Barnoota ICTn deegaruu

**Galma:** Teeknooloojii dijitaalaatti fayyadamuun qabiinsaa fi dabarsa ragaa barnootaa ammayya'aa ta'ee fi kan yeroo isaa eegame hojirra oolchuun qulqullinni barnootaa akka uumamu taasisuu.

### Barnoota raadiyoo

- Uwwisa Barnoota Raadiyoo MB Sad.1ffaa bara 2014ttii ture, 84% bara 2015tti 90%tti fooyyassuu;
- Suphaa buufataalee raadiyoo 5 ( Gimbii,Haromayaa,Gooree,Roobee) irratti geggeessuu,

### Barnoota TV

- Uwwisa Barnoota TV MB Sad.1ffaa bara 2014ttii ture, 54% bara 2015tti 60%tti fooyyassuu;

### Laabraatorii Compuutaraa

- Tajaajila 'Computer-Lab' MB sad.2ffaa bara 2014tti 50% irra ture bara 2015tti gara 56% ol guddisuu fi kan KBB bara 2014tti 80% irra ture bara 2015tti gara 85% ol guddisuu;

### Tajaajila Interneetii

- Tajaajila 'internet' MB sad.2ffaa bara 2014tti 54% irra ture bara 2015tti 58% fooyyeessuu fi kan KBB bara 2014tti 74% irra ture bara 2015tti 100% fooyyeessuu;

### Hojii Digitalization Hojjechuu

- **Ragaa barnootaa KPIn adda bahan bara 2015tti 50% digitaalaayizeeshinii gochuu**

### Qabiinsaafi itti fayyadama ragaa ammayeessuu (EMIS)

- Barruu ragaa barnoota battalaafi waggaa qopheessuun hojii barnootaaf akka oolu gochuu (100%); akkasumas Xiinxala Ragaa Mullistoota Raawwii Ijoo (KPI) irra jiran 100% hojiirra oolchuu;

### Tooftaa Raawwii

- Manneen barnootaa kompuutera hinqabne addaan baasuun kompuuteraa akka argatan taasisuu;
- Barsiisota ciccimotti fayyadamuun barnoonni Raadiyoo qilleensa irra akka oolu taasisu
- Gaafannoo barruu raga qopheessuun irratti hubannoo kennuu;
- Barruu ragaa barnoota battalaa qopheessuun barnootaaf qaqqabamaa taasisuu;
- Taableetiin lakkoofsa barattootaan manneen barnootaa Bultii Addaa hundaa akka qaqqabu taasisuu;
- Qormaata biyyoolessaa bifa qulqullinni isaa eeggame qopheessuun kennuu;

## 2.6. Bu'aa barachuu baratootaa Fooyyeessuu

- Daa'imman barnoota sadarkaa 1ffaan duraa galmaa'an keessaa (90%) yeroo barnootaa kabajuun barnootaa isaanii akka hordofan taasisuu.
- Barattoonni barnoota sadarkaa 1ffaa baratan hundi bara 2015tti gosa Barnootaa hundaan qabxii 50% fi isaa ol akka fidan taasisuu,
- Barattoonni barnoota sadarkaa 1ffaa kutaa 1-4ffaa baratan hundi madaallii EGRAn madaalamanii bara 2015tti 37% fi kan EGMA 45% akka fidan taasisuu,
- Qorumsa Naannoo kutaa 8ffaa bara 2014tti 97 kutaa 9ffaatti akka darban ture bara 2015tti gara 98% akka ol guddatu gochuu;
- Qarumsa biyyooleessaa kutaa 12ffaa yuuniversiitii galan bara 2014tti 53% irra ture, bara 2015tti 60% fooyyassuu;
- Baay'ina barattootaa kutaa 12ffaa irraa qabxii ≥600 galmeessisan bara 2014irra ture 226 ture, bara 2015tti gara 230 akka ol guddatu gochuu;
- Barattoota Yuunivarsiitii keessa jiran adda baasuun hordofuun deeggaruu;
- Barattoota Yuunivarsiitii keessatti barachaa turan adda baasuun beekuun yeroo boqonnaa gara maatiitti deebi'an Hojii Tajaajila Lammummaa akka hojjatan taasisuu;
- Barattoota mana baruumsaa bultii addaa baratan keessaa bara 2015tti barattoonni qormaata dareetiin qabxii 100% fi isaa ol akka fidan irratti hojjechuu
- Ga'eessoota baratan keessaa dubbisuu,barreessuu fi shallaguu kan danda;an bara 2014tti 53% (1,614,286) irraa ture, bara 2015tti (2,421,429) kan baratan keessaa 75% kan ta'an ragaa barnootaa akka argatan taasisuu,

- Ga'eessoota baratan keessaa madaallii ifa barnootaan bara 2014tti madaalamanii darban 297,853 (90.8%) irraa ture, bara 2015tti 612,528 galmaa'an keessaa (95%) irraan gahuu.

### Tooftaalee Raawwii

- Manneen barnootaa sadarkaa 1ffaan duraa hawwataa taasisuu,
- Sadarka hundaatti titooriyaalii barattootaa cimsuun irratti hojjechuu,
- Hanna qorumsaa hambisuuf:
  - Diraamaa ispootii qopheessuun miidiyaalee garagarratti akka hojiirra oolu taasisuu;
  - Qajeelfama bulchiinsa qormaataa qophaa'e hubannoo umuun hojiirra oolchuu;
- Barattoota bara baraan Yunivarsiitii galan hordofuun deeggaruu;
- Barattoota Dhaabbilee barnoota Olaanaa irraa yeroo boqonnaa gara maatiitti deebi'an qindeessuun Hojii Tajaajila Lammummaa irratti akka hirmaatan taasisuu;
- Dokumeentii dandeettii barattootaa cimsu qopheessuun hojiirraa oolchuu,
- Wiirtuu walrraa barachuu hawaasaa 21 hundeessuu,
- Qajeelfama Barnoota bu'uuraa ga'eessotaa fooyyeessuun Leenjii irratti kennuu,
- Hojii tajaajila lammummaan barnoota bu'uuraa ga'eessotaa hirmaannaan hawaasaa akka cimu irrtti hojjechuu

### 3. Projeektota Ijaara

**Galma**:Ijaarsa pirojaktoota barnootaa qulqullinaa fi yeroo isaa eeggatee ijaaruun hirmaannaan barattootaa akka dabaluu taasisuu

#### Ijaarsa pirojektii baajata Mootummaan

- Ijaarsa mana barumsa sad.2ffaa Ifa Boruu buleeyyii sadi Ifa Boruu Cobii raawwii Fizikaalaa 76% , Burraayyuu raawwii Fizikaalaa 65% fi Galessa Nageessoo raawwii Fizikaalaa 45% irra ture bara 2015tti 100% xumursiisuu;

#### Ijaarsa pirojektii Dhaabbilee Miti-mootummaa

- Dhaabbata Wash:
  - Iskiimii Bishaanii 87 ijaaruu
  - Mana Qulqullinaa bilookii 174 ijaaruu
  - Kutaa laguu shamarranii 87 ijaaruu
- GEQIPn - Mana barumsa sad.2ffaa 12 ijaaruu

#### Tajaajila Lammummaa

- Ijaarsa M/B Bu'uura Boruu(BSTD) bara 2014ttii 3000 irra ture bara 2015tti 6,000 ijaaruu;
- Barattoota/hawaasa yeroo gannaa kennaa tajaajila lammummaa barnoota ga'eessotaa barsiisan bara 2014tti 20% ture,bara 2015tti gara 30%irraan gahuu.

### 4. Baajata /Faayinaansii

#### Karoora Baajata Bara 2015

| T/L | Gosa Baajata | Qarshii |
|---|---|---|
| | Baajata Waliigala | 8,283,724,547.72 |
| I. | Baajata Idilee | 6,907,864,835.87 |
| 1 | Baajata Marmaartuu | 2,712,914,391.39 |
| A | Sanduqa Mootummaa | 2,678,360,885.39 |
| B | Galii Keessaa | 34,553,506.00 |
| 2 | Baajata Kapitaalaa | 4,194,950,444.48 |
| II. | Baajata Gargaarsa | 1,375,859,711.85 |
| 1 | Baajata GEQIP | 1,188,962,387.00 |
| 2 | Baajata UNCEF | 31,026,921.17 |
| 3 | Baajata One Wash | 155,870,403.68 |

## 5. Dhimmoota Hunda-Galeessa

**Galma:** Hojiiwwan dhimmoota hunda galeessan hojjataman qulqullina barnootaatiif gumaacha akka godhan taasisuu

### Bulchiinsa Humna Namaa

- Meeshaalee rifoormii Daarektoreetii fi gareewwaan 21 biratti hojiirra oluu, hordofuu fi madaaluu;
- Hojjettootaa BBO 240 leenjii dandeetti raawwachiisummaa Cimsu mata duree kaayizanii, kenna tajjaajila fi qajeelfama bulchiinsa hojjettootaa irratti leenjii kennu.
- Ragaa hojjettootaa sorama bahan qindeesuun qabachuu.
- Biiroo keessaafi ala hawwataa taasiisuun kutaalee hojii hundatti hojjettootaaf bakka hojii mijataa uumuu,

### Idileessa Korniyaa

- Ogumma Mala Jireenyaa fi Idileessa Koorniya irrati hoggantootaa 78 leenjii hubannoo cimsuu kennuu;
- Leenjii ogummaa mala jireenyaa Gummii koorniyaa manneen barnoota kutaa 5ffaa ol hundeeffamee keessaatti barattoota 50,000 keennuu
- Leenjii ogumma mala jireenyafi Ittisa Miidhaafi Tuttuqqaa Kornayaa Hoggansaa fi ogeeyyii barnootaa 604 keennuu;
- Leenjii koorniyaa idileessuufi itti faayadama ICT irraatti ogeeyyii dubartootaa BBO tiif idileesitoota koorniyaa Godinalee,Bul.Magaalootaa fi KBB fi marsaa lamaan keennuu
- Sababaa harcaatii barattoota shamarran irraatti dokumentii tokkoo irratti qorannoo gaggeessu;
- Dhaabbilee barnootaa hunda keessatti Gumii shamarranii,Ispoortii,Ittisa Godaansaa seeraan alaafi Ittisa dhukkuba HIV/AIDS akka undaa'ee hujii irra oolu taasisuu;
- Dhaabbilee barnootaa keessatti Miidhaa fi Tuxxuqqaa Koornayaa irratti xiyyeeffatee raawwatamu dhabamsiisuu.
- Sababa dhukkuba HIV/ADIS tiin rakkinaaf saaxilaman deeggarsa taasisuu (Barattootaa 70 fi Barsiisota 5)
- Barattoota shamarran 200 Hoostelota keessa jiraniif meeshaalee qulqullinaa deeggaruu;
